Lakk/ቁጥር/Ref.No-_ **BBO 4-2G/7120/01/49**

Guyyaa/ ቀን/Date- **06/06/2012**

**Waajjira Barnoota Godinalee 21tiif**
**Waajjira Barnoota Bulchiinsa Magaalota 19 tiif**
**Kolleejjii Barnoota Barsiisota 13 tiif**
**B/jiranitti**

**Dhimmi:- Qajeelfam kafaltii Mindaa Ce'umsaa barsiisotaa**

Akkuma mata duree irratti ibsame qajeelfama kafaltii mindaa ce'umsaa **lakk. 2/2012** Biiroo Paabilik sarvisii fi Misooma Qabeenya namaarraa xalayaa guyyaa 06/06/2012 lakk. BPSMQN1/WG1-2/22/463 barreeffamee nuu ergamee jira.

Kanaafuu, qajeelfame nuu ergame kana footo koppii Fuula 17 gaggeessituu xalayaa kanaan waan ergineef haala qajeelfama kanaan akka hojiirra oolchitan ni beeksifna.

**Nagaa wajjin**

Dr. Tolaa Bariisoo Gadaa
Hoggana Biiroo Barnoota Oromiyaa

G/G

Waldaa barsiisota Naannoo Oromiyaatiif

Finfinnee

Daayirektoreetii Misooma, Bulchiinsa Barsiisotaa fi Hoggansa manneen barnootaatiif

BBO

Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaatti
Biiroo Pabliik Sarviisii fi Misooma
Qabeenya Namaa

The Oromia National Regional Government
Bureau of Public Service and Human
Resource Development
Finfinnee (Addis Ababa)

በኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥ መስተዳድ
የፐብሊክ ሰርቪስና የሰው ኃብት ልማት ቢሮ
ፊንፊኔ (አዲስ አበባ)

Guyyaa/ቀን/ Date 06/06/2012

Lakk/ቁጥር/ Ref No BPSM [illegible]

Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromyaatti,
Biiroo Barnootaatiif
Finfinnee

**Dhimmi:- Qajeelfama Raawwii Ramaddii Hojii barsiistota, dura-bu'oota manneen Barnootaafi Suppervaayizorootaa isiin erguu ta'a**

Xalayaa **guyyaa 6/06/2011 lakk BBO/4-2G/7104/01/12n** barreefamen Qajeelfamni Raawwii Ramaddii Hojii barsiistota, dura-bu'oota manneen barnootaafi suppervaayizorootaa akka mirkaanaa'uu gaafsachuun keessaan ni yaadatama

Haaluma kanaan ,Mana Maree Ministeerotaa Hagayya 04/2011 murtaa'e, **Qajeelfama Raawwii Iskeelii mindaa** Komishiinii Siviil Sarviisii Federaalaa irraa Fulbaana 08/2012 fi Sadaasa 02/2012 darbee ka'umsa gochuudhaan,Manni Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa **Qajeelfama Raawwii Ce'umsa Iskeelii mindaa guyyaa 26/05/2012 Lakk. 02/dh-40/2144**tiin ragga'een qajeelfamni ce'umsi Iskeelii Mindaa qophaa'e Adoolessa 01/2011 irraa eegalee hojii irra akka oolu murteesseera.

Kanaafuu,Barsiistota, dura-bu'oota manneen barnootaa fi Suppervaayizorootaa gitootni hojii isaanii mala qabxiin hojii madaaluu fi sadarkeessuutiin madaalmanii sadarkaan kennameef irratti ramadamaniif haala iskeelii mindaa ce'umsaa keessatti hammatamuu dandaa'an facaatiin kan ibsu "Qajeelfama Raawwii Ce'umsa Iskeelii Mindaa Barsiistota,dura-bu'oota manneen barnootaa fi Suppervaayizorootaa" qophaa'e fuula **11_(kudha tokko)** fi uunka **gaaf'ii** kaffaltii mindaa ittiin dhiyaatu fuula **3 (sadii)** xalayaaa gaggeesituu kana waliin wal- qabsiifnee kan isiniif ergine waan ta'eef bajata barbaachiisuu Biiroo Mallaqaa fi waltaa'iinsa diinagdee Oromiyaatiif , akka dhiyaatu hubachiisaa, qajeelfama kanaan ala

qaama ramaddiis ta'ee kaffaltii raawwatee argame kamiyyuu akkaataa Labsii Hojjettoota Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk.215/2011 keeyyata 96 keewwata xiqqaa 3 qubee "a" hanga "d" jalatti tarreeffamaniin tarkaanfiin seera qabeessa ta'e kan irratti fudhatamu ta'uu isaa ni beeksisna.

**Nagaa Wajjin**

Akkanaa
fi
I/G Dhimmoota Siivil Sarviisii

**<u>Garagalchii</u>**
**Waajjiira Pireezdantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaatiif**
**Biiroo Maallaqaa fi Walta'insa Dinagdee Oromiyaatiif**
**<u>Finfinnee</u>**
**Waajjeraalee Pabiliik Sarviisii fi Misooma Qabeenya Namaa Godinaalee <u>20</u> tiif**
**Waajj. Pabiliik Sarviisii fi Misooma Qabeenya Namaa BM Muummee fi Ol-aanaa 19 tiif**
**Waajjiraalee Mallaaqaa fi Waltaa'iinsa Diingdee Godinaalee 20f**
**Waajj. Mallaaqaa fi Waltaa'iinsa Diinagdee BM Muummee fi Ol-aanaa 19 tiif**
**<u>Bakka Jiranitti</u>**
**Waajjira Hoogganaa Biiroo Pablik Sarviisii fi Misooma Qabeenya Namaatiif**
**Waajjira I/A/Hogg/ BPSMQN fi Itti Gaafatamaa Dhimmoota Siviil sarvisiitiif**
**Daayirektoreetii Gurmaa'insa, Madaallii Hojii fi Faayidaaleetiif**
**Daayirektoreetii Hord/Gama/ Raawwii HQNtiif**
**Daayirektotreetii Karooraa fi Misooma Qabeenya Namaatiif**
**<u>BPSMQNO</u>**

Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaatti
Biiroo Pabliik Sarviisii fi Misooma Qabeenya Namaa

# Qajeelfama Raawwii Ramaddii Hojii Barsiistotaa, Dura-Bu'oota Manneen Barnootaafi Suppervaayizarotaa

## Lakkoofsa 2/2012

Guraandhala, 2012
Finfinnee

## Seensa

Mala madaallii hojii yeroo dheeraaf ittiin hojjetamaa ture hambisuun mala madaallii hojii haarawwaa fayyadamuun gitootni hojii biyya keenya jiranii safartuulee walfakkaatuun (factors) madaalamanii sadrakaaleeniifi mindaan isaanii akka murtaa'u taasisuuf gitoota hojii manneen hojii keessa jiraniif gahee hojii (job description) qopheessuun qindeessummaa komishiinii siivilserviisiin hojjetamaa ture xumuramee jira.

Ogeessoota damee kanaa jechuunis barsiistota, dura-bu'oota manneen barnootaa, suppervaayizerootaafi waldaalee barsiistotaa hirmaachisuun barsiistota barnoota idileen duraa, barsiistota sadarkaa tokkoffaafi lammaffaa, dura-bu'oota manneen barnootaafi suppervaayizerootaaf gahee hojii mala qabxiin madaaluutiin qopheessuun akka madaalaman ta'ee jira. Ogeeyyii barnootaa gulantaa guddina duraa irraa gara gulantaa guddina haarawaatti ceesisuun ramaddii gaggeessuuf akka gargaaru barsiistota, dura-bu'oota manneen barnootaatiifi suppervaayizerootaaf sadarkaan ba'eefii qajeelfamni raawwii kun qophaa'ee jira.

Yaa'iqoob Taaddasaa Akkanaa
I/A Hoggansaa Biiroo fi
I/G Dhimmoota Siivil Sarvisii

## Kutaa Tokko
## Waliigala

### 1. Mata- duree Gabaabaa

Qajeelfamni raawwii ramaddii kun gitoota hojii mala qabxiin madaaluu fi sadarkeessuutiin sadarkaan kennameef irratti barsiistota, dura-bu'oota manneen barnootaa fi suppervaayizeroota ramaduuf qophaa'e qajeelfama lakkoofsa 2/2012 jedhamee waamamuu nidanda'a.

### 2. Hiika Jechootaa

Hiikni jechichaa hiika addaa kan kennisiisu yoo ta'e malee qajeelfama ramaddii kana keessatti:

- Ogummaa barnootaa jechuun sagantaa leenjii ministeera barnootaatii fi biiroo barnootaan beekamtiin kennameef ta'ee, sirna barnootaa barsiistotaaf qophaa'e keessa darbuun gitoota hojii mala qabxii hojii madaaluu fi sadarkeessuutiin ministeera barnootaa fi biiroo barnootaatiin gaheen hojii qophaa'eefi koomiishiinii siiviil serviisiitiin madaalamee sadarkaan kennaafi damee ogummaa ijoo (06) bakka bu'e dha.
- Damee ogummaa ijoo jechuun gitoota hojii mala qabxiin madaaluufi sadarkeessuutiin madaalamee sadarkaan kennameef akka walfakkeenya amala isaaniitiin adda baasuun bakka tokkotti kan walitti qabaman tuuta hojiileen ittiin adda ba'anii dha.
- Mala qabxiin madaaluu jechuun mala madaallii hojii ulaagaalee hojii madaaluuf qophaa'an fayyadamuun hojicha madaaluun sadarkaafi gatii isaanii ittiin tilmaaman jechuu dha.

### 3. Ibsa Korniyaa

Qajeelfama kana keessatti koorniyaa dhiiraan kan ibsame dubartoota nidabalata.

### 4. Daangaa Raawwatiinsa Qajeelfamichaa

Qajeelfamni kun ogummaa barsiisummaa, hoggansa manneen barnootaafi suupparvaayizerota qofarratti raawwatiinsa kan qabaatu ta'a.



Yaa'iqoob Taaddasaa Akkanaa

## Kutaa Lama

### 5. Tarreeffama Qajeelfamichaa

1. Ramaddiin Barsiistotaa kan gaggeeffamu gitoota hojii mala qabxiin madaaluutiin madaalamanii sadarkaan kennameef qofarratti ta'a.
2. Gulantaalee sadarkaa barnootaa hundaan sadarkaalee hojii barsiistotaa, dura-bu'oota manneen barnootaafi suppervaayizerootaa:

a) Barsiistota

- Barsiisaa jalqabaa
- Barsiisaa giddu-galeessaa
- Barsiisaa
- Barsiisaa ol'aanaa
- Barsiisaa gargaaraa
- Barsiisaa dursaa
- Barsiisaa dursaa ol'aanaa

b) Dura-bu'oota Manneen Barnootaa

- I/A/ Dura-bu'aa Manneen Barnootaa
- Dura-bu'aa Manneen Barnootaa

c) Suppervaayizera

- Suppervaayizera fi
- Suppervaayizera Ol'aanaa fa'i dha.

3. Barsiisonni Sadarkaa barnootaa Sartifikeeta yookaan sadarkaa I (level I) yookiin Sadarkaa II (Level II) qabaatanii gulantaa barnootaa dippiloomaa kolleejjii yookaan Digirii jalqabaa gaafatu irratti barsiistonni tajaajilaa jiran, sadarkaan guddina isaanii gulantaa sadarkaan barnoota isaanii hayyamuuf irratti hundaa'uun waamamni, sadarkaan fi mindaan isaanii ni murtaa'a.
4. Barsiistonni sadrkaa barnootaa Dippiloomaa Kolleejjii yookaan sadarkaa III (LevelII) yookaan sadrkaa IV (level IV) qabaatanii gulantaa barnoota Digirii

Jalqabaa yookaan Digirii lammaffaa gaafaturratti tajaajilaa jiran sadarkaan guddina isaanii gulantaa sadarkaan barnoota isaanii hayyamuuf irratti hundaa'uun waamamni, sadarkaaniifi mindaan isaanii nimurtaa'a.

5. Barsiistonni sadarkaa barnoota Digirii jalqabaa qabatanii gulantaa barnoota digirii lammaffaa gaafaturratti tajaajilaa jiran sadarkaan guddina isaanii gulantaa sadarkaan barnoota isaanii hayyamuuf irratti hundaa'uun waamamni, sadarkaaniifi mindaan isaanii nimurtaa'a.

6. Barsiistonni sadarkaa barnootaa gulantaa barnootaa irratti ramadamanii hijjechaa jiranii olitti qabaatanii gulantaa barnootaa gadi aanaarratti hojjechaa jiran ilaalchisee:

   a) Barsiistonni sirna barnootaa leenjii barsiistotaaf qophaa'erratti baasi mootummaatiin baratan yookaan wabii mootummaatiin leenji'an gulantaa barnoota sadarkaa barnootaa isaaniif gitutti jijjiiramanii akka hojjetan yookaan gulantaa barnootaa sadarkaa isaaniitiif maluun waamama, sadarkaafi mindaan isaanii nimurtaawa.

   b) Barsiistonni sirna barnoota leenjii barsiistotaaf qophaa'erratti dhuunfaadhaan dhaabbilee barnootaa mootummaa keessatti leenji'anii sadarkaa barnootaa isaanii fooyyeeffataniifi gulantaan barnootaa irratti ramadamanii hojjetaa jiraniin ol sadarkaa barnootaa qabaatanii gulantaa barnootaa sadarkaa gadiirratti hojjechaa jiran akaakuun barnootaa barsiisaa jiran akaakuu barnootaa baratan waliin walfakkeenya yoo qabaateefi barbaachisaa ta'ee yoo argame hojiifi hojjetaa wal-simsiisuuf jecha bakka gita hojii banaarratti jijjiiramuun gulantaa barnootaa sadarkaan barnootaa isaanii hayyamuun waamama, sadarkaafi mindaan nimurtaawa.

   c) Barsiistonni sirna barnootaa leenjii barsiistotaaf qophaa'erratti dhuunfaadhaan dhaabbata leenjii barnootaa mootummaa keessatti leenji'anii sadarkaa barnoota isaanii fooyyeffataniifi gulantaa barnootaa irratti ramadamanii ol sadarkaa barnoota qabaatanii gulantaa barnootaa gadi-aanaarratti tajaajilaa jiran

akaakuun barnoota isaanii barbaachisaa ta'ee ogummaa isaaniitiin sadarkaa olaanaatti jijjiiramanii akka hojjetan yeroo ramadaman iddoofi gulantaa barnootaa irratti ramadaniirratti tajaajiluuf fedhii kan hinqabne yoo ta'e gulantaan isaan irra jiranirratti waamamaafi mindaan sadarkaa barnootaa gaafataniin nimurtaawa.

7. Barsistonni dura-bu'oonni manneen barnootaafi suppervaayizeroonni olitti lakkoofsa 4 irratti haala ibsameen ramadamanii Adoolessa 2011 ALI dura guddina sadarkaa argatanii yeroo guddina sadarkaa isa dhumaa argatanirraa eegalee tajaajila kan kennan sadarkaan guddina isaanii itti aanu niqabamaaf.
8. Sadarkaan guddina barsiistotaa duraan ture haaluma qajeelfama kanaan dura tureen kan itti fufu ta'a.
9. Gitoota hojii barsiitota, dura-bu'oota manneen barnootaafi suppervaayizerootaa mala qabxiin madaaluu fi sadarkeessuutiin madaalamanii sadarkaan kennameef irratti ramaddiin kan gaggeeffamu dorgommii malee yommuu ta'u, ramadamuuf sadarkaa guddinaan amma irra ga'e xalayaa mirkaneessuu qabaachuu qaba.
10. Barsiistonni, itti aantonni dura-bu'oota manneen barnootaa, dura-bu'oota manneen barnootaafi suppervaayizeroonni Adoolessa 1/2011't sadarkaa guddinaa argachuu qaban guddinni sadarkaa duraa erga kennameefii booda gara mala qabxiin madaaluuf sadarkeessuutti akka ce'an taasisuun Iskeeliin mindaa qajeelfama raawwii ce'uumsa iskeelii mindaa hojjattoota mootummaa Mana marii bulchiinsa mootummaa Naannoo oromiyaatiin raga'e lakkoofsa 12/2012 keewwata 5 keewwata xiqqaa 3 hordofuun cehumsi iskeelii mindaa nikaffalamaaf.
11. Hirkanii sadarkaa guddina barsiistota duraan ture keessaa sadarkaaleen dhumaa lamaan (barsiisaa dursaa ol'aanaa II fi Barsiitota dursaa ol'aanaa III) waan dacha'niif, barsiistonni qajeelfamni kun hojiirra ooluu isaa dura barsiisaaa dursaa olaa'aanaa I yookaan barsiisaa dursaa olaanaa II hirkanii guddinaarra gahanii Amajjii 2012 hanga Amajjii 2014 ALI tti turtii yeroo barbaachisuu fi ulaagaalee biroo guutanii hirkanii guddinaa dura ture irratti barsiisaa dursaa ol'aanaa II fi

Barsiisaa dursaa ol'aanaa III irra gahuu kan qaban barsiisonni barsiisaa dursaa ol'aanaa ta'anii yeroo ramadaman, mindaa kahumsaa gita hojichaa yookiin mindaa kahumsaa irra gahee yookaan bira kan darbee yoo ta'e mindaa ji'aan isaaniif kaffalamaafii jirurratti gulantaan (hirkaniin) sadii 3 dabalataan nikennamaaf.

12. Qajeelfama raawwii ramaddii barsiistotaa kanaan gitootni hojii barsiistotaa hirkanii (masalaal) guddina duraan ture irraa gara gitoota hojii haarawaa qophaa'anitti yeroo cehan haaluma dheerina hirkanichaatiin gitoota hojii muraasa duraan ture walitti fiduun akkaataa gabatee armaan gadiiti dhiyaatuun ramaddiin isaanii gitoota hojii haraarratti niraawwatama.

**Gabatee 1**

**Hirkanii Cehumsaa Barsiistotaa**

| Lakk | Gitoota Hojii Duraan Turan | Gitoota Hojii Haarawaa |
|---|---|---|
| 1 | Barsiisaa jalqabaa | Barsiisaa jalqabaa |
| 2 | Barsiisaa giddu-galeessa | Barsiisaa giddu-galeessa |
| 3 | Barsiisaa | Barsiisaa |
| 4 | Barsiisaa ol'aanaa | Barsiisaa ol'aanaa |
| 5 | Barsiisaa gargaaraa dursaa | Barsiisaa gargaaraa dursaa |
| 6 | Barsiisaa dursaa | Barsiisaa dursaa |
| 7 | Barsiisaa dursaa ol'aanaa I | Barsiisaa dursaa ol'aanaa |
| 8 | Barsiisaa dursaa ol'aanaa II | |
| 9 | Barsiisaa dursaa ol'aanaa III | |

13. Gitoota hojii I/A/Dura bu'oota manneen barnootaa sadarkaa $1^{ffaa}$ fi $2^{ffaa}$ ilaalchisee naannoleen deeggersa addaa barbaadanii fi misoomaan duubatti afaniif teessumni lafaa mijaawaa hintaaneenerra jiran haalli jireenyaa isaanii rakkiisaa waan ta'eef barsiistonni sadarkaa barsiisaa ol'aanaa iirra ga'an irraa eegalee dorgomanii ramadamuu kan danda'an yommuu ta'u, naannolee biroofi bulchiinsa magaalotaaf immoo barsiistota sadarkaa dursaa irra gahan irraa eegalee dorgomanii niramadamu.

14. Akkaataa Moggaasa hirkanii duraan hojiirra tureen (Qajeelfama adoolessa 1/ 2008 ALI baheen) manneen barnootaa sadarkaa $1^{ffaa}$ fi $2^{ffaa}$ keessatti I/A Dura

bu'aa fi Dura bu'aa manneen barnoota gulantaalee guddinaa adda addaa keessatti tajaajilaa kan jiran sadarkaa gita hojii duraanii irraa gara gita hojii mala madaallii qabxii hojiin madaalametti cehumsi taasifamu haala asiin gaditti dhiyaateen kan raawwatamu nita'a.

a) Hirkaniiwwan guddinaa I/A/Dura'bu'aafi Dura bu-aa ture waan dacha'eef haaluma ramaddii duraaniitiin sadarkaa I/A/ Dura-bu'aa jalqabaa, I/A dura bu'aafi I/A/Dura-bu'aa Olaanaa irra jiran akkasumas sadarkaa dura-bu'aa jalqabaa, dura bu'aa fi Dura-bu'aa olaanaarra jiran haala mala hojii qabixiin madaaluu fi sadarkeessuutiin sadarkaa haarawaa murtaa'een walduraa duubaan sadarkaa gita hojii I/A/Dura-bu'aafi dura-bu'aarratti niramadamu.

b) Hirkaniiwwan guddinaa I/A Dura-bu'aafi dura-bu'aa duraan turan I/ADura-bu'aa dursaa I, II. III fi dura bu'aa dursaa I, II, III irra kanneen gahuu qaban mala madaallii hojii qabixiitiin sadarkeessuutiin I/A/Dura-bu'aa fi Dura-bu'aa ta'anii walduraa-duubaan kan ramadaman ta'ee mindaa ka'umsaa gita hojichaa yookaan mindaa ka'aumsaa bira gahee yookiin darbee yoo ta'e mindaa ji'aan kaffalamuuf irratti hirkaniin sadii (3) dabalataan nikaffalamaaf.

c) Amajjii 2012 irraa hanga Amajjii 2014 ttii ALItti yeroo turtii barbaachisuufi ulaagaalee barbaachisoo ta'an guuttatee hirkanii guddinaa tureen I/A/Dura bu'aa dursaa I, I/A/Dura bu'aa dursaa II fi I/A/Dura bu'aa dursaa III akkasumas dura bu'aa dursaa I, dura bu'aa dursaa II fi dura bu'aa dursaa III gahuu kan qaban I/A/Dura-bu'aa fi dura- bu'aan haala qabxii madaallii hojii haarawaan murteessuun I/A/Dura-bu'aafi dura-bu'aa ( walduraa duubaan) ta'anii yoo ramadaman mindaa ka'umsa bakkichaa kan kaffalamu ta'a.

15. Moggaasa hirkanii sadarkaa guddinaa tureen (Qajeelfama Adoolessa 1/2008 ALI) bu'uura godhachuun manneen barnootaa sadarkaa 1ffaafi 2ffaa sadarkaalee garagaraa jechuun suppervaayizera gargaaraa, suppervaayizeera, suppervaayizera ol'aanaa I, suppervaayizera ol'aanaa II, suppervaayizera ol'aanaa III irratti tajaajila kenneen jiran haala asiin gadiin kan raawwatamu ta'a.



[illegible] Arka[illegible]
[illegible] Biiroo fi
I/G [illegible] Siivil Sarviisii

a) Haala mala madaallii hojii qabixiin madaaluu fi sadarkeessuu haaraatiin sadarkaan gargaaraa suppervaayizeraa fi suppervaaizarri irra jiru sadarkaa gita hojii suppervaayizera jedhamu irratti ramadamu.

b) Haala mala madaallii hojii qabixiin madaaluu fi sadarkeessuu haaraatiin sadarkaan suppervaaizera ol'aanaa I, II fi III irra kan gahan sadarkaa suppervaayizera olaanaa ta'anii niramadamu.

16. Haala qajeelfama raawwii ramaddii kanaatiin I/A/Dura-bu'aa, dura-bu'aafi suppervaayizeraa guddina hirkanii duraanii irraa gara gita hojii qophaa'eetti yommuu ce'an haaluma dheerina guddina hirkanii gitoota hojichaa walitti gurmeessuun akkaatuma Gabatee -2 armaan gadiitiin walduraa-duubaan hirkanii ogummaa haarawaatiin niraawwatama.

**Gabatee-2**

**Gabatee ce'umsaa I/A/Dura bu'aa, dura-bu'aa fi Suppervaayizerootaa**

| Lakk | Gitoota Hojii Duraan Turan | Gitoota Hojii Haarawaa |
|---|---|---|
| 1 | I/A/Dura bu'aa jalqabaa | **I/A/Dura bu'aa** |
| 2 | I/A/Dura bu'aa | |
| 3 | I/A/Dura bu'aa olaanaa | |
| 4 | I/A/Dura bu'aa dursaa I | |
| 5 | I/A/Dura bu'aa dursaa II | |
| 6 | I/A/Dura bu'aa dursaa III | |
| 7 | Dura bu'aa jalqabaa | **Dura-bu'aa** |
| 8 | Dura bu'aa | |
| 9 | Dura bu'aa olaanaa | |
| 10 | Dura bu'aa dursaa I | |
| 11 | Dura bu'aa dursaa II | |
| 12 | Dura bu'aa dursaa III | |
| 13 | Suppervaayizera gargaaraa | **Suppervaayizera** |
| 14 | Suppervaayizera | |
| 15 | Suppervaayizera olaanaa I | **Suppervaayizera Olaanaa** |
| 16 | Suppervaayizera olaanaa II | |
| 17 | Suppervaayizera Olaanaa III | |



Yaa'iqoob Taaddasaa Akkanaa
I/A Hoggansaa Biiroo E
I/G Dhimmoota Siivil Sarvisii

## Gabatee -3

**Sadarkaalee Gitoota Hojii Barsiistota, Dura-Bu'ootaa fi Supprervaayizeroota Sadarkaa Sadarkaan jiranii**

| Sadarkaa | Barsiisaa | | | | Dura-bu'aa | | Suppervaayizera | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | Sertifikeeta | Dippiloomaa | Digirii calqabaa (1-8) | Digirii 2ffaa (9-12) | Sadarkaa 1ffaa | Sadarkaa 2ffaa | Sadarkaa 1ffaa | Sadarkaa 2ffaa |
| VIII | Barsiisaa jalqabaa | | | | | | | |
| IX | Barsiisaa giddu-galeessa | Barsiisaa jalqabaa | | | | | | |
| X | Barsiisaa | Barsiisaa giddu-galeessa | Barsiisaa jalqabaa | | | | | |
| XI | Barsiisaa ol'aanaa | Barsiisaa | Barsiisaa giddu-galeessa | Barsiisaa jalqabaa | | | | |
| XII | Barsiisaa gargaaraa dursaa | Barsiisaa ol'aanaa | Barsiisaa | Barsiisaa giddu-galeessa | | | | |
| XIII | Barsiisaa dursaa | Barsiisaa gargaaraa dursaa | Barsiisaa ol'aanaa | Barsiisaa | | | | |
| XIV | Barsiisaa dursaa ol'aanaa | Barsiisaa dursaa | Barsiisaa gargaaraa dursaa | Barsiisaa ol'aanaa | | | | |
| XV | | Barsiisaa dursaa ol'aanaa | Barsiisaa dursaa | Barsiisaa gargaaraa dursaa | | | | |
| XVI | | | Barsiisaa dursaa ol'aanaa | Barsiisaa dursaa | I/A/Dura-bu'aa | | Suppervaayizera | |
| XVII | | | | Barsiisaa dursaa ol'aanaa | Dura-bu'aa | I/A/Dura-bu'aa | Zuppervaayizera Ol'aanaa | Suppervaayi zera |
| XVIII | | | | | | Dura-bu'aa | | Zuppervaayi zera Ol'aanaa |

Yaa'iqoob Taaddasaa Akkabaa
I/A Hoggantaa Biiroo fi
T/G Dhimmoota Siivil Sarvisii

## 17. Seerota Raawwatinsa Hinqabaanne

Qajeelfamni qajeelfama kana wajjiin walitti bu'u kamiyyuu qajeelfama kana keessatti dhimmoota ibsaman irratti raawatiinsa hinqabaatu.

## 18. Gaafatamummaa

Hogganaa fi qaamni dhimma kana keessatti qooda fudhatu kamiyuu tumaalee qajeelfama raawwii kana darbuudhaan fi gitoota hojii madalamanii sadarkaan hinbayiiniif irratti hojjataa remade badii raawwateef seera jiruun kan ittigaafatamu ta'a.

## 19. Dhimmootni Qajeelfama Kanaan Hinuwwifamiin

Dhimmootni qajeelfama kanaan hinhuwwifamiin kan quunnaman ( mudatan ) yoo ta'e gaaffii Biioo Pablik Sarviisii fi Misooma Qabeenya Namaatiif dhiheessuun murteen kan itti kennamu ta'a.

## 20. Yeroo Qajeelfamni kun hojiirra oolu

Qajeelfamni kun Adoolessa 1/2011 ALI irraa eegalee hojirra kan oolu ta'a.

Yaa'iqoob Taaddasaa Akkasaa
I/A Hogganaa Biiroo fi
I/G Dhimmoota Siivil Sar

Miiltoo– 01

## Iskeelii Mindaa Hojjettoota Mootummaa

(Adoolessa/2011)

| Sadarkaa | Mindaa Ka'umsa | Mindaa Gulantaa 1 | 2 | 3 | 4 | 5 | 6 | 7 | 8 | 9 | Fiixee |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| I | 1100 | 1174 | 1253 | 1338 | 1428 | 1523 | 1624 | 1731 | 1843 | 1958 | 2079 |
| II | 1338 | 1428 | 1523 | 1624 | 1731 | 1843 | 1958 | 2079 | 2208 | 2344 | 2487 |
| III | 1624 | 1731 | 1843 | 1958 | 2079 | 2208 | 2344 | 2487 | 2638 | 2799 | 2969 |
| IV | 1958 | 2079 | 2208 | 2344 | 2487 | 2638 | 2799 | 2969 | 3150 | 3333 | 3526 |
| V | 2344 | 2487 | 2638 | 2799 | 2969 | 3150 | 3333 | 3526 | 3729 | 3934 | 4150 |
| VI | 2799 | 2969 | 3150 | 3333 | 3526 | 3729 | 3934 | 4150 | 4379 | 4609 | 4851 |
| VII | 3333 | 3526 | 3729 | 3934 | 4150 | 4379 | 4609 | 4851 | 5098 | 5358 | 5626 |
| VIII | 3934 | 4150 | 4379 | 4609 | 4851 | 5098 | 5358 | 5626 | 5907 | 6193 | 6481 |
| IX | 4609 | 4851 | 5098 | 5358 | 5626 | 5907 | 6193 | 6481 | 6773 | 7071 | 7377 |
| X | 5358 | 5626 | 5907 | 6193 | 6481 | 6773 | 7071 | 7377 | 7690 | 8017 | 8354 |
| XI | 6193 | 6481 | 6773 | 7071 | 7377 | 7690 | 8017 | 8354 | 8705 | 9056 | 9420 |
| XII | 7071 | 7377 | 7690 | 8017 | 8354 | 8705 | 9056 | 9420 | 9785 | 10150 | 10521 |
| XIII | 8017 | 8354 | 8705 | 9056 | 9420 | 9785 | 10150 | 10521 | 10906 | 11305 | 11719 |
| XIV | 9056 | 9420 | 9785 | 10150 | 10521 | 10906 | 11305 | 11719 | 12148 | 12579 | 13013 |
| XV | 10150 | 10521 | 10906 | 11305 | 11719 | 12148 | 12579 | 13013 | 13462 | 13926 | 14400 |
| XVI | 11305 | 11719 | 12148 | 12579 | 13013 | 13462 | 13926 | 14400 | 14890 | 15396 | 15912 |
| XVII | 12579 | 13013 | 13462 | 13926 | 14400 | 14890 | 15396 | 15912 | 16437 | 16979 | 17521 |
| XVIII | 13926 | 14400 | 14890 | 15396 | 15912 | 16437 | 16979 | 17521 | 18092 | 18671 | 19252 |
| XIX | 15396 | 15912 | 16437 | 16979 | 17521 | 18092 | 18671 | 19252 | 19850 | 20468 | 21092 |
| XX | 16979 | 17521 | 18092 | 18671 | 19252 | 19850 | 20468 | 21092 | 21725 | 22361 | 23005 |
| XXI | 18671 | 19252 | 19850 | 20468 | 21092 | 21725 | 22361 | 23005 | 23654 | 24305 | 24961 |
| XXII | 20468 | 21092 | 21725 | 22361 | 23005 | 23654 | 24305 | 24961 | 25622 | 26288 | 26959 |

## Uunka gaaf'ii Kaffaltii Ce'umsa Iskeelii mindaa "JEG" kan yeroo tokkotti xumuuramu ( qarshii 1000 fi isaa gad )

Maqaa Mana Hojii:-
Naannoo-----------------------------------------------
Godinaa-----------------------------------------------
Magaalaa----------------------------------------------
Aanaa-------------------------------------------------
G/Gala------------------------------------------------
Damee-------------------------------------------------

| Lakk. | Maqaa Hojjetaa Guutuu | Waamama Gita hojii | Sadarkaa gita hojichaa | Ka'umsa mindaa sadarkaa gita hojichaa | Garaagarummaa Mindaa kaffalamu | Kaffaltii 01/11/2011-30/10/2012 | Ibsa (kaffaltiin kan raawwatame guutee ykn eeggatummaan ykn shallaggiin ykn gulataatti fidhuudhaan ta'uu isaa haa ibsamu) |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | | | | | | | |
| 2 | | | | | | | |
| 3 | | | | | | | |
| 4 | | | | | | | |
| 5 | | | | | | | |
| 6 | | | | | | | |
| 7 | | | | | | | |
| 8 | | | | | | | |
| 9 | | | | | | | |
| 10 | | | | | | | |
| 11 | | | | | | | |
| 12 | | | | | | | |
| 13 | | | | | | | |
| 14 | | | | | | | |
| 15 | | | | | | | |
| 16 | | | | | | | |
| 17 | Ida'ama | | | | | | |

**Ogeessa Gabaasicha qopheesse:-**

**Maqaa guutuu**---------------------------
**Gahee Hojii**----------------------------
**Mallattoo**------------------------------
**Guyyaa**---------------------------------

**Qaama Gabaasicha mirkaneesse:-**

**Maqaa guutuu**---------------------------
**Gahee Hojii**----------------------------
**Mallattoo**------------------------------
**Guyyaa**---------------------------------

Taaddasaa Akkanaa
I/A Hoggansa Biiroo fi
I/G Dhimmoota Siivil Sarvisii

Uunka Gaaf'ii Kaffaltii Ce'umsa Iskeelii mindaa "JEG" kan yeroo lamatti xumuuramu ( qarshii 1001 - 1500)

Maqaa Mana Hojii:-
Naannoo------------------------------------------------
Godinaa------------------------------------------------
Magaalaa-----------------------------------------------
Aanaa--------------------------------------------------
G/Gala-------------------------------------------------
Damee--------------------------------------------------

| Lakk. | Maqaa Hojjetaa Guutuu | Waamama Gita hojii | Sadarkaa gita hojichaa | Ka'umsa mindaa sadarkaa gita hojichaa | Garaagarummaa Mindaa kaffalamu | Kaffaltii 01/11/2012-30/10/2013 | Ibsa (kaffaltiin kan raawwatame guutee ykn eeggatummaan ykn shallaggiin ykn gulataatti fidhuudhaan ta'uu isaa haa ibsamu) |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | | | | | | | |
| 2 | | | | | | | |
| 3 | | | | | | | |
| 4 | | | | | | | |
| 5 | | | | | | | |
| 6 | | | | | | | |
| 7 | | | | | | | |
| 8 | | | | | | | |
| 9 | | | | | | | |
| 10 | | | | | | | |
| 11 | | | | | | | |
| 12 | | | | | | | |
| 13 | | | | | | | |
| 14 | | | | | | | |
| 15 | | | | | | | |
| 16 | | | | | | | |
| 17 | | | | | | | |

Ida'ama

**Ogeessa Gabaasicha qopheesse:-**

Maqaa guutuu-----------------------
Gahee Hojii-------------------------
Mallattoo---------------------------
Guyyaa------------------------------

**Qaama Gabaasicha mirkaneesse:-**

Maqaa guutuu-----------------------
Gahee Hojii-------------------------
Mallattoo---------------------------
Guyyaa------------------------------

Taddasaa Akkanaa
I/A Hoggansa Biiroo G
I/G Dhimmoota Siivil Sarvisii

## Uunka gaaf'ii Kaffaltii Ce'umsa Iskeelii mindaa "JEG" kan yeroo ~~lakkoti~~ sadoitte xumuuramu (~~qarshii 1000 fi isaa gad~~) (qarshii 1500 ol)

Maqaa Mana Hojii:-
Naannoo-----------------------------------
Godinaa-----------------------------------
Magaalaa----------------------------------
Aanaa-------------------------------------
G/Gala------------------------------------
Damee-------------------------------------

| Lakk. | Maqaa Hojjetaa Guutuu | Waamama Gita hojii | Sadarkaa gita hojichaa | Ka'umsa mindaa sadarkaa gita hojichaa | Garaagarummaa Mindaa kaffalamu | Kaffaltii 01/11/2011-30/10/2012 | Ibsa (kaffaltiin kan raawwatame guutee ykn eeggatummaan ykn shallaggiin ykn gulataatti fidhuudhaan ta'uu isaa haa ibsamu) |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | | | | | | | |
| 2 | | | | | | | |
| 3 | | | | | | | |
| 4 | | | | | | | |
| 5 | | | | | | | |
| 6 | | | | | | | |
| 7 | | | | | | | |
| 8 | | | | | | | |
| 9 | | | | | | | |
| 10 | | | | | | | |
| 11 | | | | | | | |
| 12 | | | | | | | |
| 13 | | | | | | | |
| 14 | | | | | | | |
| 15 | | | | | | | |
| 16 | | | | | | | |
| 17 | Ida'ama | | | | | | |

**Ogeessa Gabaasicha qopheesse:-**
Maqaa guutuu---------------------
Gahee Hojii----------------------
Mallattoo------------------------
Guyyaa---------------------------

**Qaama Gabaasicha mirkaneesse:-**
Maqaa guutuu---------------------
Gahee Hojii----------------------
Mallattoo------------------------
Guyyaa---------------------------

Xaa'iqoob Taaddasaa Akkanaa
I/A Hoggaanaa Biiroo fi
MZG Dhimmoota Siivil Sarvisii